H A R V A R D U N I V E R S I T Y

Department of African and African American Studies

Afaan Oromoo Y1S2

Meets: MWF 4:00 – 5:00PM

Instructor: Beekan Guluma Erena

Office: Hutchins Center, 104 Mt. Auburn

beekangulumaerena@fas.harvard.edu

I. Odeeffannoo Koorsichaa (Course Information):

- ✓ Mata Duree: Ogwalaloo Oromoo (Oromo Poetry)

- **Odeeffannoo Barsiisichaa (Instructor Information)**

- **Full Name:** Beekan Guluma Erena
- **Website:** www.beekanguluma.org
- **Email Address:** beekanguluma@gmail.com
- **Face book:** (https://www.facebook.com/beekan.guluma,
- **Twitter:** twitter.com/BeekanGuluma
- **Skype:** hayyuubeekan1
- **Cell Phone:** +1 (617) 319 44 98
- **Current Address:** 104 Mount Auburn Street, 3R, Cambridge, MA 02138, USA

II. Ibsa Koorsichaa (Course Description)

Koorsiin kun, Ogwalaloo Oromoo, ,akka waliigalaatti barattoonni yaadrimee Ogwalaloo gadifageenyaan akka hubatan xiyyeeffannoo taasisa. Dabalataanis koorsichi barattoonni dandeettii walaloo dubbisuufi qaaccessuu akka gabbifatan gargaara jedhameetu abdatama. Kana malees, barattoonni koorsicha keessatti af-walaloo Oromoo funaanuun afwalaloo Oromoo kun kallattii xiyyeeffannaa inni aadaa, diinagdee, falaasamummaafi siyaasa

akkasumas akkaataa Oromoon addunyaa itti hubatu xiinxala irratti geggeessu. Koorsiin kun barattoonni dandeettii kalaqqiifi walaloo dubbisanii dinqisiifachuu isaanii akka dagaagfatan ga'ee guddaa taphata jedhamee yaadama. Kana galmaan ga'uufis koorsichi mata dureewwan kanneen akka dayeessota Ogwalaloo, dhuftee, gosoota gooroowwaniifi miseensota Ogwalaloo akka waliigalaafi Ogwalaloo Oromoo akka addaatti xiyyeeffannoo laataaf.

1. **Bu'aa Abdatamu (Expected out comes)**

Xumura koorsii kanaarratti barattoonni:

- Maalummaa Ogwalaloo ni hubatu
- Dayeessota Ogwalaloo ni ibsu
- Miseensota Ogwalaloo nitarreessu.
- Amaloota Ogwalaloo Oromoo adda baasanii agarsiisu.
- Gosoota Ogwalaloo Oromoo irratti hubannoo niqabaatu.
- Qooqa Ogwalaloo adda baasu.
- Ogwalaloo Oromoo filataman niqaaccessu.

2. **Qabiyyee Koorsichaa**

2.1. Maalummaa Ogwalaloo

2.2. Faayidaa Ogwalaloo

2.3. Dayeessota Ogwalaloo

2.3.1. Dayeessa akkeessaa.

2.3.2. Dayeessa Fiix-baasaa

2.3.3. Dayeessa Ibsaa.

2.3.4. Dayeessa of danda'a

2.4. Gosoota Ogwalaloo

2.4.1. Afwalaloo

2.4.2. Bar walaloo

2.5. Amaloota Ogwalaloo

2.5.1. Walqixxummaa, rukuttaa manaafi Yeedaloo

2.5.2. Filannoo Jechootaa

2.5.2.1. Maalummaa Jechaa

2.5.2.2. Hiikawwaan jechaa

2.5.2.3. Gosoota Jechoota Filatamoo

2.6. Unka og-walaloo Afaan Oromoo

2.6.1. Ogwalaloo Liiriikii

2.6.2. Ogwalaloo odeessaa

2.6.3. Ogwalaloo duwwaa

2.6.4. Ogwalaloo dhangala'aa

2.7. Qooqa og-walaloo

- Dubbiiwwan Qoolaa
    - Akkasaa
    - Iddeessa
    - Namoomsuu
    - Gurra guddisuu

        - Anyaarsee
        - Fakkeessuummaa
        - Habalaka

2.8. Miseensota Ogwalaloo

- Allitireeshiinii
- Assoonaansii
- Onomotopeyaa
- Istaanzaa
- Toonii
- Rukuttaa Manaa
- Dhaawata

2.9. Qoodamaafi Malleen Qaaccessa Og-walaloo

2.9.1. Qoodama.

- Qoodama Naannawaa
- Qoodama Hurruubbii yookaan gochaa
- Qoodama Qabiyyee
- Qoodama Faayidaa
    - Gama aadaan
    - Gama dinagdeen
    - Gama Falaasamaan

- Gama Siyaasaafi kkf

2.9.2. Malleen Qaaccessa Ogwalaloo

- Qaaccessa Qabiyyee
- Qaaccessa Caasaa
- Qaaccessa Ergaa

3. **Tooftaa Barumsichi Ittiin Adeemsifamu**

- Ibsa daree keessaa
- Shaakala Daree keessaa
- Hojii Matayyaafi garee
- Abbaltii daree keessatti dhiyaatu
- Hojii Piroojektii gaggabaaboo
- Walaloowwan garaagaraa gara daree fidamuun irratti mariin garagaraa ni taasifama.
- Hawaasa keessaa Ogwalaloo garaagaraatu walitti qabamanii gara daree dhufu
- Afeee walalummaa qabanirratti qaaccessi garaagaraa nigeggeeffama.
- Barattoonni waliin maree kutaa keessaa irratti baay'ee hirmaachuun qeeqa garaagaraa nigeggeessu
- Afeen dhimma hawaasummaa, aadaa, gootummaa, siyaasaa dinagdeefii kkf akkaataa ergaaf qabiyyee isaaniitiin ni ilaalamu.

4. **Akkaataa /Gulaantaalee/ Madaallii**

Koorsii kana keessatti gatii ykn bakka olaanaa kanqabatee jiru madaallii walitti fufinsaati. Kunis hojii garaagaraatiin daree keessatti **% 70** kan xumuramu yoo ta'u, **% 30** ammoo qormaata waliigalaatu kennama. Akkaataan madaalliin kun itti adeemsifamus gabatee armaan gadii keessatti gadifageenyaan dhiyaataniiru.

Gosoota Hojiilee	**Akkaataa adeemsa hojichaa**	**Yeroo keessatti raawwatamu**	**Dhibbatntaa keessaa ilaalamu.**
Qabsiisa kennamurratti gaaffii garaagaraatu yeroo garaagaraatti daree keessatti ka'u.	Gareen erga irratti mariyatameen booda deebinsaas gareen kennama.	Onkoloolessa 1- 30	**15%**
Walaloowwan garaagaraa yeroo garaagaraatti daree keessatti nidhiyeeffamu.	Dhuunfaan erga dubbifamaniin booda gaaffileen mareef ta'an keessati qophaa'u.	Sadaasa 1-15	**25%**
Hojiiwwan garaagaraatu yeroo garaagaraatti kennamu	Ogwalaloo Oromoo dhuunfaatiin funaanuun qaacceessanii dareef dhiyeessu.	Ebla 15-caamsaa 15	**30%**
Qormaata Waliigalaa	Dhuunfaatiin hojjetamu	Caamsaa 16 -30	**30%**
Waliigalatti	**%100= >85=A, 76-84.99=B, 60-75.99=C, 50-59.99=C+, 45-50=D, <44=F.**		

Wabii

Blair, H. (1837). **An Abridgement of Lectures on Rhetoric**. C. Bell.

Fowler, W.C. (1855). **English Language in its Elements and Forms.** Harper & Brothers.

Gladden, S.W. (1891). **Who wrote the Bible?.** Forgotten Books.

Hunt, L. (1846). **Imagination and Fancy.** London: Smith, Elder and Co.

John Thompson. **The Founding of English Meter.** New York, New York: Columbia University Press (1961).

Merton, T. (1825). The Literary magnet of the belles lettres, science, and the fine arts.

Mitford, W. (1804). **An Inquiry into the Principles of Harmony in Language**. 2nd Ed. T. Cadell & W. Davies.

Misgaanuu Gulummaa (2011). **DILBII; Bu'uura Afoolaa,Ogafaanfi Afwalaloo Oromoo.** Finfinnee.

Misgaanuu Gulummaa.(2012). DHIKKIFANNAA; Kuusaa Walaloofi Saayinsiisaa. Finfinnee Subi Printing Press

Misgaanuu Gulummaa.(2012). YANDOO; Ogumaafi Og-walaloo Oromoo. Finfinnee_____

Misgaanuu Gulummaa. (2012). GUUBOO SEENAA; Gaaffii Deebii Dhabe. Finfinnee Subi Printing Press.

Morio Kono. "**Perception and Psychology of Rhythm"** in *Accent, Intonation, Rhythm and Pause*. (1997).

T. S. Eliot. *The Sacred Wood:* **Essays on Poetry and Criticism.** London, England: Methuen Publishing, Ltd., (1920).

Wilson, J. M. (1833). **The Poetry of Visible Objects**. The Border Magazine.. Nimmo,

Władysław Tatarkiewicz. "**The Concept of Poetry,"** translated by Christopher Kasparek,

Zhiming Bao. **The Structure of Tone.** New York, New York: Oxford University Press (1999) ISBN 0-19-511880-4.

Gaaffii

Gaaffiilee armaan gadii akka gaafatamtetti deebisi. Hojiikee hunda dabtara koorsii kanaaf bitatterratti shaakali (20%) .

1. Maalummaa Ogwalaloo akaakuu ogwalaloo faana adda baasii fuula lamaa gadi kan hintaanerratti barreessi.

2. Faayidaa Ogwalaloo himuu dandeessaa? Maal maal fa'i? Mee muuxannookeerra ka'uun fuula tokkoo gadi kan hintaane yaada bilchaataa ta'e dabtarakeerratti barreessi.

3. Dayeessota Ogwalaloo Arfan barreessuun huda isaaniif ibsa bal'aa; yoo danda'ame fakkeenya faana kenni.

4. Ogwaloo jireenya hawaasummaa faana walqabsiisuun nidanda'ama jettaa? Mee fakkeenya kennuun yaadakee dhugoomsi.

5. Falaasamni Ogwalaloo keessatti argamujireenya hawaasaa akka waliigalaatti, siyaasa, aadaa, dinagdee, barnootaa…faana walitti dhiyeenya akkamii qaba jetta? Maaltu walitti isaan fiduu danda'a?

6. Akaakuuwwan dubbii qoolaa (figurative speech) afaan tokko keessatti argaman tarreessuun ibsi.Fakkeenya biraa hinhambisiin.

7. Falaasamootaafi ergaa afwalaloo Oromoo keessa jiru fakkeenya tokko fudhuuti dhugoomsi.